

MAMI
Management of small & nutritionally At-risk Infants under six months & their Mothers

# Paakeejii Toora Kunuunsa “MAMI”

## Barruu meeshaalee fayyaadamaa deeggarsa hojjetaa fayyaa

# Paakeejii Toora Kunuunsa “MAMI”

## Kixiqqaa meeshaalee fayyaadamaa deeggarsa hojjetaa fayyaa

Barruun kun meeshaa deeggarsa dabalataa Paakeejii Toora Kunuunsa ‘MAMI’ j ildii 3ffaa ( 2021) daa’imman ji’a jahaa gadii (j6g) qaamaan xiqqoo fi h anqina nyaataaf saaxilamoo ta’an itti y aalamuudha.

Barruun kun yeroo leenjii fi/ykn meeshaalee hojjattoota fayyaa jiran waliin yeroo wal simsiisuuf haala mijjeessinu akka wabiitti gargaaruu danda’a


1. Unka Qorannoo “MAMI”
2. Unka Qorannoo Sooruu “MAMI”
3. Unka Qorannoo Fayyaa Haadholee fi Sammuu “MAMI”
4. Unka Galmee fi Hordoffii “MAMI”
5. Kaardii Gorsaa fi Kixiqqaa Gochaalee Deeggarsaa “MAMI”


# 1. UNKA QORANNOO “MAMI”

**Yaada fayyadamaa unkichaa:** Hojjatoota fayyaa kunuunsa MAMI kennu

**Kaayyoo unkaa:** Haala balaa xiqqaa fi nyaataa daa’imman j6g fi harmoolii isaanii; qorachuuf, adda qooduu fi ol erguuf (ykn kunuunsitootaa yoo haati mucaa kunuunsaa hin jirtu ta’e)

**Qajeelfama waliigalaa unkicha guutuuf:**

- Tartiiba tokkon tokkoon isaa irratti, Gaaffii hundaaf filannoo dhiyaatan keessa kan cimdii haadha-daa’ima ilaallatu itti maritii yaadannoo bakka duwwaa taa’e irra kaa’i .Bakka haaldureen balaa daa’ima balaaf saaxilan jiranitti “eyyee” is jedhutti mariitii; balaa giddugaleessaaf keelloo, balaa olaanaaf diimaatiin adda baasi.
- Qorannoo sooruu MAMI fi/ykn Qorannoo Fayyaa Sammuu Haadholii MAMI yoo calalliikeessatti mallattoon dandeettii sooruu ykn balaan fayyaa sammuu adda baheera ta’e qofa gaggeessi (Tartiiba 4 fi 5).
- CUUNFAA QORANNOO “MAMI” xumura UNKA QORANNOO “MAMI” irra ijirutti gargaaramuun balaa adda qoodiitii toora olerginsaa madaalawaa ta’e adda baasi.

Qajeelfama kutaa tokko tokkoo isaaf gabatee 1 ilaali.

## GABATEE 1: QAJEELFAMA ITTI FAYYADAMAA UNKA QORANNOO "MAMI"

| | | | Yaadannoo ittifayyadamaa qajeelfamaa |
|---|---|---|---|
| **ODEEFFANNOO BU'URAA** | | | |
| | Maqaa Kunuunsaa Jalqabaa | | Namni kunuunsa jalqabaa jedhamu yeroo hedduu daa'ima kunuunsu/eegu, nama daa'ima sana gara dhaabbata fayyaa guyyaa sana fide ta'uu dhiisuu danda'a. |

### TARTIIBA 1: MALLATTOOLEE BALAA CIMAA ADDA BAASUU (daa'ima)

| Mallattoolee balaafamoo | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Harma hodhuu/dhuguu hin danda'uu? | Lakki | Eyyee | Waa'ee mallattoolee balaafamoo gadi fageenyaan hubachuuf qajeelfama Yaala qindaawaa dhibee ijoollummaa (IMCI) ilaali. |
| | Waan mara balaqqamsiisaa? | Lakki | Eyyee | |
| | Miila lachuun Dhita'insa boolla'u *(+,++ ykn +++)*? | Lakki | Eyyee | |
| | Haati daa'ima bira ga'uu hin dandeessu ykn ofiishee ykn daa'ima irratti balaa uumuu dandeessi; qaamaan akka bira hin geenye laguu (Haadha yk Daa'ima) | Lakki | Eyyee | |
| | **Mallattoolee balaafamoo "IMCI" kan biro (haa ibsamu)** | | | |

### TARTIIBA 2: MALLATTOLEE DHUKKUBAA KILINIKAALII QORADHU (daa'ima)

| MALLATTOOLEE KILINIKAALII | **Akkaataa IMCI tiin adda qoodi** | **Magariisa** | **Keelloo** | **Diiminee** | Daa'imman akkaataa mallattolee kilinikaaliitiin qoratamuu fi qoodamuu qabu, akkasumas kanneen dhibee giddu galeessaatti qoodaman gara kunuunsa deddeebi'anii yaaluu, kanneen hamaatti qoodaman gara tajaajila ciibsanii yaaluutti. ergamuu qabu |
|---|---|---|---|---|---|
| | Qufaa | Hin jiru | g/galeess | Hamaa | |
| | **Dhaqna gubaa** | Hin jiru | g/galeess | Hamaa | |
| | **Barruun harkaa addaachuu** (anaemia) | Hin jiru | - | | |

| MALLATTOOLEE KILINIKAALII | **Akkaataa IMCI tiin adda qoodi** | **Magariisa** | **Keelloo** | **Diiminee** | Dhibee kamiyyuunyaata soorrachuu kan dhowwu galmaa'ee gara hospitaalaatti ykn tajaajila addaatti yaalaaf ergamuu qaba. Yoo daa'imni dhibee haala "congenital" qabaatee garuu antropometry sirrii qabu yaala sardaa hin taaneen gara hospitaalaatti ol ergamuu qaba |
|---|---|---|---|---|---|
| | **Dhibee kan biraa kamuu** (IMCI ilaali) | Hin jiru | g/galeess | Hamaa | |
| | **Dhibee kan biraan haa ibsamu;** | | | | |
| | **Haala Congenital** (e.g. cleft lip, tongue tie) | | | | |
| | **Dhibee addaa kan biroo** | | | | |
| | **Dhibeewwan adda addaa soorrachuu dhowwan difficulty** (e.g. cleft lip, tongue tie) | Hin jiru | Eyyee | | |

| TARTIIBA 3: QORANNOO GUDDINA (daa'ima) | |
|---|---|
| **Hir'ina ulfaatina qaamaa dhiyoo ykn ulfaatina barbaachisu yeroon dabaluu dhabu** | Ulfaatina barbaachisu yeroon dabaluu dhabuu jechuun guyyaatti giraama 5/kg gadi dabaluu jechuu dha. (Kitaaba harkaa Kunuunsa Daa'immanii Hospitaala WHO maxxansa 2ffaa, 2013) **https://apps.who.int/iris/bitstream/handle/10665/81170/97892 41548373_eng.pdf?sequence=1 (see page 215)** |

| TARTIIBA 4: SABABOOTA BALAA KAN BIROO QORADHU (daa'imaa fi haadha) | |
|---|---|
| **Haati hin jirtu ykn duutee jirti** | "Hin jirtu" kan jedhu haadholee yeroo dheeraaf hin turree fi kununsa daa'ima keessatti hirmaanna hin qabne agarsiisa. Kun harmoolee yeroo gabaabaaf bira hin jirre hin ilaallatu (FKN: Sababii hojiif guyyaa keessaa yeroo muraasa, garuu ganamaa fi galagala kunuunsa daa'immanii keessatti kan qooda fudhatan). |
| **Haadha HIV+ Yaaddoo waliin** | Yoo haati HIV+ taate fi maatiin xiyyeeffanna keessa ykn walxaxaa (FKN: Sagantaa qoricha farra HIVtti (ART) hin hammatamne, saganticha (ART) qabamuun laafaa too ta'e), kunuunsa deddebi'anii yaaluu "MAMI"tti hammatamuu qabu. Yoo haati HIV+ taate, garuu tajaajila ART tti sirriitti to'atamaa jirti ta'e, garuu tajaajila MAMItti hammatamuun barbaachisaa hin ta'u. |

| TARTIIBA 5: BALAA SOORUU CALALUU (Daa'imaa fi Haadha) | |
|---|---|
| **MALLATTOOLEE BALAA DANDEETTII SOORUU - Qorannuu sooruu gaggeessi** | Yeroo calallii yoo haatii fi daa'imni balaa sooruu xiqqaatti adda qoodaman, qorannoo MAMi itti fufiitii qorannoo sooruu guutuu hin gaggeessiin. |

| TARTIIB 6: DHIMMA CALALLII FAYYAA SAMMUU HAADHOLII | |
|---|---|
| **TARTIIB 6: DHIMMA CALALLII FAYYAA SAMMUU HAADHOLII** | Dhimmi qorannoo fayyaa sammuu haadolii kunuunsitoota jalqabaa kan deessuu daa'ima sanaa hin taaneefis (haadha duutee/hin jirre) taasifamuu qaba. |
| Calalliin qaphxii 2 fi isaa gadii, garuu yoo hojjetaan fayyaa dhimma fayyaa sammuu haadhaa dhimmame; | Gaaffii calallii haati deebisteen ala, yoo hojjetaan fayyaa fayyaa sammuu haadhaa fi haala xinsammuu ishee dhimmame (FKN: haati amala addaa yoo argarsiifte, hojjetaan fayyaawal dhabdee abbaa manaa ykn hiriyaa dhiyoo yoo shakke, haati deeggarsa fayyaa sammuu yoo gaafatte) qorannoon fayyaa sammuu haadhaa gaggeeffamuu qaba. |

| CUUNFAA QORANNOO "MAMI" | |
|---|---|
| **Tartiiba 5:** Qaphxii qorannoo fayyaa sammuu haadhaa (yoo jiraate) | Yoo qorannoon fayyaa sammuu haadhaa hin gaggeeffamne ta'e, qaphxiin fayyaa sammuu haadhaa hin jiraatu, akkasumas akka qaama cuunfaa qorannoo "MAMI" hin ilaalamu. |

# 2. UNKA QORANNOO SOORA "MAMI"

**Yaada fayyadamaa unkichaa: Hojjatoota fayyaa kunuunsa MAMI kennu**

**Kaayyoo unkaa:** Tartiiba 4ffaa UNKA QORANNOO "MAMI" irratti balaa sooraa hamaa erga adda ba'ee booda dhimma sooruu qorachuuf

**Qajeelfama waliigalaa unkicha guutuuf:**

- Gaaffii hundaaf filannoo dhiyaatan keessa kan cimdii haadha-daa'ima ilaallatu itti maritii yaadannoo bakka duwwaa taa'e irra kaa'i (ykn kunuunsitootaa yoo haati mucaa kunuunsaa hin jirtu ta'e).
- Qorannoo irratti hundaa'uun balaa sooruu adda qoodiitii tartiiba itti aanuuf gara unka qorannoo MAMI deebi'i.

Qajeelfama kutaa tokko tokkoo isaaf gabatee 2 ilaali.

| GABATEE 2: QAJEELFAMA FAYYADAMA UNKA QORANNOO SOORUU MAMI | |
|---|---|
| **Maalima** | **Yaadannoo Ittifayyadamaa Qajeelfama** |
| **TARTIIBA 1  AKKAATAA HARMA HOOSISUU MIJEESSUU** | |
| **TARTIIBA 1: akkaataa harma hoosisuu mijeessuu** | Yoo daa'imni aannan harmaa hanga ta'e fudhate, akka daa'ima harma hootuutti fudhatamti. |
| **TARTIIBA 3: Yoo kallattiin harmahooti ta'e, heyyama gaafadhuutii haala harma itii hootu ilaaluun harmicha sakatta'i:** | |
| **TARTIIBA 3 Yoo kallattiin harma hooti ta'e heyyama gaafadhuutii haala harma itii hootu ilaaluun harmicha sakatta'i.** | Akka mucaan harma sirriitti qabattee hootu baruuf, yoo xinnaate daqiiqaa 4 ilaali. Yoo daa'imni sa'a tokkoo as hooteetti ta'e, erga unka  qorannoo MAMI tartiiba biraa guuttee booda deebi'ii akka isheen sirriitti harma hootu, yoo hodhuuf fedhii qabaatte qulqulleeffadhu. |
| **TARTIIBA 5: Yoo daa'imni foormulaa daa'imaa fudhatti ta'e, gaaffillee 5 -10 jiran gaafadhu:** | |
| 5. Daa'imni gosa foormulaa isa kami fudhatti? | Daa'imni gosa foolrmulaa isa kam akka fayyadamtu fi kan mucaan fudhachuun maluuf ta'uu isaa beekuun barbaachisa. FKN: Foormulaan tokko tokko daa'imman umriin ol siqaniif ykn fedhii nyaata addaa kan barbaachisuuf kan qophaa'e ta'uu danda'a. Foormulaan bifa addaan qophaa'u qaala'uu fi/ykn umrii daa'ima sanaaf kan hin malle ta'uu danda'a<br>Yoo fayyadamti ta'e haati akkaataa itti fayyadama isa sirrii irratti gorsa argachuu qabdi. |
| 9. Daa'imni sun tokkoon tokkoon yeroo soorrattuutti (dhangala'aa) foormulaa hangami fayyadamti? Qajeelfama armaan gadii ilaali. | Umriitiin foormulaa hangamii daa'imni fudhachuu akka qabdu kan agarsiisu qajeelfamni Unka qorannoo sooruu keessatti dabalamee jira. Akkaataa barreeffama qabiyyee daakuu foormulaa irratti barreeffamee jirutti haati mucaa sirriitti bishaan waliin makuu ishee qulqulleeffadhu.<br>(Yeroo hedduu hanga neyutreentii barbaadamu argachuuf daakuun foormulaa daa'maa fall'aanni tokko bishaan ml 2tiin bulbulamuu qaba) |

# 3. UNKA QORANNOO FAYYAA SAMMUU HAADHOLII

**Yaada fayyadamaa unkichaa:** Hojjatoota fayyaa kunuunsa MAMI kennu.

**Kaayyoo Unka:** Balaa cimaa tartiiba 5 unka qorannoo MAMI irratti erga adda ba'e booda balaa mukaa'uu (cinqii) haadhaa qorachuuf

**Qajeelfama waliigalaa unkicha guutuuf:**

- Gaaffii hundaaf filannoo dhiyaatan keessa kan haadha ilaallatu itti maritii (ykn kunuunsitootaa yoo haati mucaa kunuunsaa hin jirtu ta'e) yaadannoo bakka duwwaa taa'e irra kaa'i.
- Qaphxii qorannoo waliigala irratti hundaa'uun adda qoodii ol ergi. Tartiiba itti aanuuf UNKA QORANNOO MAMI ilaali.

Qajeelfama kutaa tokko tokkoo isaaf gabatee 3 ilaali.

| GABATEE 3: QAJEELFAMA FAYYADAMA UNKA QORANNOO FAYYAA SAMMUU HAADHOLII MAM | |
|---|---|
| **Maalima** | **Yaadannoo Ittifayyadamaa Qajeelfama** |
| 1. Waantota hojjechuuf fedhii ykn gammachuu xiqqoo qabaachuu? | Gaaffii 1 fi 2 kutaa calallii unka qorannoo MAMI keessatti gaafatamu. Deebbii jalqabaa kunuunsitootaa akka qorannoo gadi fagoo kanaatti mirkaneeffadhu. |
| 2. Fedhii gadi bu'aa, mukaa'uu ykn abdii kutachuu? | |
| 9. Kanaa manna otoo duutee siif wayyaa ykn karaa danda'ameen otoo of miite siif wayya kan jedhu yaaduu? | Gaaffii 9 haati si'a kamiyyuu "eeyyee" jettee yoo debiste (dubbii of miidhuu), gara ogeessaa addaa fayyaa sammuu fi deeggarsa sammuu (MHPSS) ol ergamuu fi kunuunsa deddeebi'anii yaalamuu MAMItti hammatamtee itti dhiyeenyaan hordofamuu qabdi |
| **Qaphxii irraa gadee ida'I:** | Qaphxii toora irraa gadee tokko tokkoo isaa herregiitii qaphxii toora irraa gadee sadan ida'ii qaphxii waligala qorannoo argadhu. |
| **QAPHXII QORANNOO WALIIGALAA:** | Qaphxii qorannoo waliigala gara Unka Qorannoo MAMItti naannessi. |

# 4. UNKA GALMEE FI HORDOFFII MAMI

**Yaada fayyadamaa unkichaa:** Hojjatoota fayyaa kunuunsa MAMI kennu.

**Kaayyoo Unka:** Gochaaf haala mijeessuu fi odeeffannoo galmee, hordoffii, bu'aa fi olergii kunuunsa cimdii haadha-daa'imaa tajaajila kunuunsa deddeebbii MAMI galmeessuuf,

**Qajeelfama waliigalaa unkicha guutuuf:**

- Gaaffii hundaaf filannoo dhiyaatan keessa kan cimdii haadha-daa'ima ilaallatu itti maritii yaadannoo bakka duwwaa taa'e irra erga daawwannaa hordoffii tokko tokkoo isaa xumurtee kaa'i
- Yeroo daa'imni ji'a jaha guuttu, balaa adda baasiitii bu'aa xumuraa ji'a 6 irratti hundaa'uun toora olergii sirrii mirkaneessi.

Qajeelfama kutaa tokko tokkoo isaaf gabatee 4 ilaali.

| GABATEE 4: UNKA GALMEE FI HORDOFFII MAMI | |
|---|---|
| **Maalima** | **Yaadannoo Ittifayyadamaa Qajeelfama** |
| **UNKA GALMEE FI HORDOFFII MAMI** | Unkooti galmee fi hordoffii MAMI fi Qorannoo MAMI walitti qabatanii sababii galmaa'aniif yeroo daawwannaa akka irraa salphaatti ilaaluun danda'amutti jiraachuu qaba. |
| Lakkoofsa Daawwadhu | Yeroo kunuunsa deddeebbii MAMI cimdii haadhaa-daa'imaa daawwannaan yeroo 9 ol yoo gaggeeffameera ta'e, unkooti hedduun barbaachisu. Lakkoofsa unkaa mataa fuula irratti galmeessii unkoota hedduu sana wal qabsiisi. |
| **HORDOFFII: HAALA KILINIKAALI DAA'IMAA** | |
| **Qoodaminsa Dhibee (Eeyyee-ibsi/lakki)** | Qoodamnsi dhibee fuula 2 irra keessa "yaada gudunfaa fi gorsa kenname ilaali" irratti sirriitti ibsamee jiraachuu qaba |
| **HORDOFFII: GUDDINA / HAALA NYAATAA** | |
| **Dheerina (sm)** | Dheerinni akka safaramu kan gorfamu yeroo kana qofa:<br>• Yeroo seensaa<br>• Ji'a ji'aan<br>• Yeroo bahinsaa |
| *JIJJIIRAMA ULFAATINA: Yoo ulfaatina quubsaa hin arganne ta'e, irra deebi'ii qorannoo gaggeessi fi/ykn gara kunuunsa ciibsanii yaaluutti dabarsi.<br>*(gad-aanaa = <5g/kg/guyaatti; Quubsaa jechuu irra 'Gahaa' osoo jedhamee irra filatama = 5 –10g/kg/guyyaatti; gaarii= >10g/kg/guyyaatti)* | Fooyya'iinsi daa'imaa, ulfaatina qofa akka agarsiiftuu fayyummaatti ilaalee irratti hundaa'uu hin qabu.. Fayyuummaan kilinikaalii fi soorrata gaariin qixxee akka agarsiiftuutti ilaalamuu qabu. Hamamtaan daa'imaa fi saffisni ulfaatinaa qofaan bu'aalee barbaadaman miti. FKN: Daa'imni xinnoon; kilinikaalii gaarii, soorrannaa gaarii, guddinni ishee toora olka'aa irra jirtu (yoodhuma hanga sarara guddina WHOtii gadi) gara ciibsanii kunuunsuutti olergamti jechuu miti |

| HORDOFFII: FAYYAA SAMMUU HAADHOLII | |
|---|---|
| 1. Daawwannaa yeroo darbeetiin wal bira qabdee amma akkam jirta??(-, 0, +) | Gaaffileen hordoffii fayyaa sammuu haadholee wajjin wal qabatan sababoota armaan gadiif haadholee hunda tokko tokkoomn daawwannaa irratti gaafatamuu qabu:<br>1. deeggarsa fayyaa sammuu fudhachaa jiraniin haala jijjiirama fayyaa sammuu isaanii hordofuuf<br>2. Kanneen deeggarsa fayyaa sammuu hin fudhanne irratti dhimmaa fayyaa sammuu haaraa adda baasuuf |
| 2. Waa hojjechuuf fedhii xiqqaa/gammaddaa? (0, 1, 2, 3) | |
| 3. Fedhii gad-bu'aa, mukaa'uu ykn abdii kutachuu?(0,1,2,3)<br>**Qaphxii waliigalaa gaaffii 2 fi 3:** | |
| 1. Daawwannaa yeroo darbeetiin wal bira qabdee amma akkam jirta?? (-, 0, +) | Gaaffiin kun waa'ee fayyummaa sammuuhaadholii fi nageenyummaa irratti akka mariyatamu, akkasumaas daawwannaa duraa waliin walbira qabdee miira isheetti dhaga'amu haasofsiisuuf karaa bana.<br>**+** fooyyainsa fayyummaa sammuu haadhaa daawwannaa yeroo darbeekaasee jiru agarsiisa.<br>**0** jijjiiramni fayyummaa sammuu haadhaa daawwannaa yeroo darbee kaasee akka hin jirre agarsiisa<br>**-** yeroo daawwannaa darbee kaasee fayyummaa sammuu haadhaa itti caalee miidhamaa deemuu agarsiisa |
| 2. Waa hojjachuuf fedhii ykn gammachuu xiqqaa?(0,1,2, 3) | Tooftaan madaallii gaaffilee lamaan kanaa kan qorannoo fayyaa sammuu haadholii MAMI waliin wal fakkaata.<br>0 = guutumma guutuutti hin jiru<br>1 = Guyyoota muraasa<br>2 =gartokkoo guyyootaan ol<br>3 = Naannoo guyyoota hundaa |
| 3. Fedhii gad-bu'aa, mukaa'uu ykn abdii kutachuu?(0,1,2,3) | |
| **Qaphxii waliigalaa gaaffii 2 fi 3:** | Yoo qaphxiin waliigalaa haadholii gaaffii lamaan Kanaa s adii ykn sadii ol ta'e,, irra deebi'ii qorannoo gadi fagoo Unka Qorannoo Fayyaa Sammuu Haadholii MAMI gaggeessi. Bu'aa qorannoo qaphxii haadholii irratti hundaa'ii tajaajila fayyaa sammuu akka argattuuf olergi. |

| CUUNFAA DAAWWANNAA FI GORSA KENNAME | | |
|---|---|---|
| **Guyyaa** | **Tarkaanfii fi gorsa kenname** | Fakkeenyota wantoota bakka kanatti galmaa'uu qaban keessaa:<br>• FKN., Tooftaa bashannanaa itti himameera, akkasumas teessuma kallattii qaamaa irratti gorsi kennameefii jira.<br>• FKN: Harma hoosisuun fooyya'ee ulfaatinni dabalee jira. Sodaan teessuma qaamaa amma sirratee jira.Dhimmi wal dhiitaan gorsaa manguddoota biraa ka'ee ture sirratee jira.<br>• FKN: Torbaan kan keessaa garaa kaasaan ture amma tasgabbaa'ee jira. Dhangala'aan qaama keessaa dhibuu hiika qabu hin jiru, yoo barbaachise "ORS" kenniif. Barbaachisummaa bashannana sochii qaamaa itti fufuuf mariyatame jira. |
| _______ /_______ /_______ | | |

<table>
<tr><th colspan="4">CUUNFAA DAAWWANNAA FI GORSA KENNAME</th></tr>
<tr><td colspan="3">Ammamtaa xiqqeessi; Yeroo kanneen armaan gadii hundi</td><td rowspan="2">Ammamtaan daawwannaa hordoffii torbeetti yoo ta’e filatama, garuu bu’a qabeessa miti yoo ta’e, torbaan 2 ta’uu danda’a. Kun haala irratti hundaa’ee murtaa’a.Yoo haatii fi mucaana dhimma waliin deemu qabaatanillee, hordofficha dandeessisuu fi nuffii hambisuuf daawwannaa ji’aan itti fufi. Ammamtaan daawwannaa yoo xiqqaate ji’aa ta’a.</td></tr>
<tr><td colspan="3">Ammamtaa akka jirutti fufi; Yeroo armaan gadii keessaa 1:</td></tr>
<tr><th colspan="4">DAAWWANNAA XUMURAA: BU’AA UMRII JI’A 6N</th></tr>
<tr><td>Mallattoon hundi yoo itti marame, gara kunuunsa fayyaa idilee fi gorsa “IYCF”tiif olergi.</td><td>Mallattoon kamuu yoo itti marame, gara tajaajila kilinikaalii/ soorataa/ “MHPSS” malutti olergi.</td><td>Mallattoon kamuu yoo itti marame, atattamaan gara hospitaalaa ykn tajaajila addaa “MHPSStti olergi.</td><td>Xumura daawwannaa cimdii haadhaa-daa’imaatti akka qaama kunuunsa deddeebi’anii yaaluu MAMItti, hojjetaan fayyaa kunuunsa itti fufinsa qabuuf haala cimdii haadha-daa’imaa irratti hundaa’ee qaama ilaalutti olerguu qaba. (FKN: Gara tajaajila soorataa ykn “MHPSS”tti)</td></tr>
</table>

# 5. KAARDII GORSAA FI KIXIQQAA DEEGGARSA MURTOO MAMI

Namooti gorsa cimdii haadhaa-daa’ima gorsuuf itti gaafatamoo ta’an akkaataa haala qorannoo cimdii adda ba’etti deeggaruun irraa eegama. Kana hojjechuuf, hojjetaan fayyaa/gorsaan tartiibota daawwannaa tokkoon tokkoon isaanii hordofuu qaba:

1. Dhimma gooree qorannoo MAMItiin bu’ureeffatee cimdii haadha-daa’imaaf adda ba’e yaadadhu.
2. Dhimma gooree adda ba’e bu’ureeffachuun mata duree gorsaa adda baasi.
3. Gorsaaf haala mijeessuuf kaardii gorsaa fi tarkaanfii deeggarsaa barbaachisaa ta’e agarsiisi (Gabatee 5 ilaali). FKN: daa’imman ulfaatina gadi’aanaa qabaniif, kaardii gorsaa A13 fi A14 akkasumas kan biraa wanta barbaachisu qopheessi. Deeggarsa gorsaaf bakka qabiyyee wal fakkaatuun argamutti meeshaalee naannoo irraa qopheessi.
4. Gorsa wayitiin gaggeessi.
5. Daawwannaa tokkon tokkoon irratti, yoo xinnaate mata duree tokko “MATA DUREE MAREE KUNUUNSITOOTA HUNDAA WALIIN” qophaa’e irraa xumuri. Daawwannaa tokkoon tokkoon isaa irratti waa’ee bashannanaa mariisifamuu qaba.

Qajeelfama Kaardii gorsa MAMI barbaachisaa dabalataaf gabatee 5 ilaali

| GABATEE 5: MATA DUREE GORSAAF KAARDII GORSAA MAMI BARBAACHISOO ADDA BAASUU | |
|---|---|
| **MATA DUREE GORSAA** | **KAARDII** |
| **SABABOOTA BALAA IJOO MAMI** | |
| Ulfaatina yeroo da'umsaa xiqqaa | A13, A14 |
| Otoo yeroon hin gahiin kan dhalate | A13, A14 |
| Lakkuu kan dhalatan | A17 |
| Haadha dargaggeettii (waggaa 19 gadi) | A18 |
| Haadha HIV + Yaaddoo/rakkoo walxaxaa waliin | A19 |
| Haadholee "MUAC" mm230 gadii | A16 |
| Akka daa'imni baay'ee boossu/rakkoo hirribaa qabdu gabaasuu | A6 |
| **DHIMMOOTS SOORUU** | |
| **DAA'IMMAN HARMA HOOTU** | |
| Daa'imni nyaata/dhugaatiin kan biraa fudhachuu | A4 |
| Ammamtaa sooruu (baay'ee xiqqaa ykn guddaa) | A3 |
| Daa'imni harma sirriitti qabachuu dhabuu | A1 |
| Daa'imni sirriitti xuuxuu dhabuu | A2 |
| Haala harma haadhaa: | - |
| Dhiiga qabaachuu | A8 |
| Fiixeen madaa'uu ykn tarsa'uu | A9 |
| Qaawwi duuduu fi dhiita'uu | A10 |
| Fiixeen battaa'uu, garagaluu, ykn guddachuu | A11 |
| Dhukkubbii laagaa daa'imaa (Thrush) | A12 |
| Haati harma hoosisuuf ofitti amanamummaa dhabuu | A7 |
| Haati aannana harmaa gahaa akka hin taane gabaasuu | A5 |
| Daa'imman baay'inaan dhalatte sooruu | A17 |
| Mirgisuu aannanii dabaluuf irra deebbiin hoosisuu | A23 |
| Haadha gargaaruuf dabalataan xuuchisuu | A24 |
| Aannan harmaa kuufamuu fi mul'achuu isaa | A21 |
| Haati daa'ima irraa fagaachuu | A15 |

| MATA DUREE GORSAA | KAARDII |
|---|---|
| ***DAA'IMMAN HARMA HIN HOONE*** | |
| Haati dhibuu | B1, A21, A22 |
| Harmaa irra deebbiin hoosisuu | A23 |
| Haadha gargaaruuf dabalataan xuuchisuu | A24 |
| Daa'imni foormulaa daa'imaa fudhachuu | B2, B3 |
| ***MATA DUREE GOOREE KAN BIROO*** | |
| Bashannan (daawwannaa hundaarratti keessa deebi'i) | |
| Boo'uu fi rafuu | |
| Deeggarsa maatii/abbaa/hawwaasaa | |
| Karoora maatii | |
| Ji'oota 6tti nyaata dabalataa (keessa deebbii bu'aa ji'oota 6tti mariyadhu) | |
| Guddina yeroo ijoollummaaf kunuunsa gochuu | |

MAMI Global Network

**Cover photos** *(Top right to bottom left )*: ©UNICEFROSA/2016/GPirozzi; ©Save the Children/Bangladesh/2016; ©UNICEF/India/Prashanth Vishwanathan; ©UNICEF/UN065254/Phelps; ©UNICEFROSA/RogerLemoyne2015 ©UNICEFROSA/RogerLemoyne2015; ©UNICEF/UNI117114/Pirozzi; ©UNICEF/UN07288/Tremeau

The MAMI Care Pathway Package development is managed and produced by the ENN as co-lead of the MAMI Global Network.

**www.ennonline.net/ourwork/research/mami**

ENN, 2nd Floor, Marlborough House, 69 High Street, Kidlington, Oxfordshire, UK, OX5 2DN

**www.ennonline.net** **Contact:** **mami@ennonline.net**

Irish Aid
Rialtas na hÉireann
Government of Ireland

Eleanor Crook Foundation

ENN